YUUNIVERSIITII JIMMAA

KOOLLEEJJII SAAYINSIILEE HAWAASAA FI NAMUMMAA

MUUMMEE FOOKLOORII FI OG-BARRUU OROMOO

RAAGA SAYYIDA DUUROO OROMOO AANAA ARSII NAGELLEE

AYYAANTUU URGEESSAATIIN

Camsa.2016

JIMMAA

RAAGA SAYYIDA DUUROO OROMOO AANAA ARSII NAGELLEE

AYYAANTUU URGEESSAATIIN

WARAQAA QORANNOO DIGRII JALQABAA FOOKLOORII FI OG-BARRUU OROMOO ITTIIN GUUTACHUUF MUUMMEE FOOKLOORII FI OG- BARRUU OROMOOTIIF DHIYAATE

GORSAAN: Milkeessaa Ida'ee

Camsa, 2016

JIMMAA

Waraqaa qorannoo kana dhunfuma kootiin jalqabaa hamma dhumaatti ulaagalee mara guutee hojjedhee xumureen jira.

Maqaa qorattuu: _____

Guyyaa: _____

Mallattoo: _____

Maqaa gorsaa: _____

Guyyaa: _____

Mallattoo: _____

Maqaa madaalaa: _____

Guyyaa: _____

Mallattoo: _____

GALATA

Hundumaa dursuudhaan bu'aa bayii jireenya hundaa keessatti nagargaree waraqaa qorannoo kana akka qopheessuf hamilee fi obsa guddaa naaf kennudhaan kan na xumursisee waaqayyoon guddiseen galateefadha. Itti ansudhaan waraqaa qorannoo kana akka qopheessuf waan na barbaachisu beekumsa, yaada fi gorsaan nuffi fi dadhabbii tokko malee yeroo isaa aarsaa godhee na cinaa dhabbachudhaan kan nagargaree gorsa kiyyaa barsisaa milkeessaa Ida'ee tiif galatni kiyya guddaadha. Dabalataanis gargaarsa mallaqaa fi jajjabina yaadaatin galma ga'iinsa waraqaa qorannoo koo kanaaf yeroo hundumaa yaadaan kan na wajjiin turan maati kiyya baay'iseen galateefadha. Kana malees, manguddoota aanaa arsii nageellee ragaa qorannoo kanaaf na barbaachisu odeeffannoo kan naaf kennanif galanni kiyyaa guddaadha.

AXAREERAA

Qorannoon kun Raaga saayyida duuroo Godina Arsii Lixaa Aanaa Nagellee keessa jiru irratti xiyyeeffatedha. Qorannoo kanaaf ka'umsa kan ta'e sababa babal'achaa deemuu amantiiwwan garagaraa, dagatamuu seenaa Raaga saayyida duuroo kanaa fi raawwiilee achitti raawwataman dadhabaa dhufuu isaati. Raaga saayyiida duuroo kun qoratamee oli taa'uun dhaloota dhalootatti akka darbuuf qorachuun barbaachisaa waan ta'eef qoradhe.Milkaa'ina qorannoo kanaafis malleen gaaffii afaanii, marii garee karaa mala qulqulleefataatiin odeeffannoo funaannachuun qoradheera. Malleen kanaannis Raaga saayyida duuroon maal akka ta'e qoradheera. Qorannoo kana keessatti Raaga saayyida duuroo iddoo seen-qabeessa ta'e Godina Arsii Lixaa Aanaa Nagellee maal akka ta'e gadi fageenyaan qoradheera. Bakki Raaga saayyiida duuroo kun maalirraa ka'ee akka moggaafame, haala uumama isaa, raawwiilee dirree raaga saayyida duuroo irratti raawwataman, hirmaatoota waltajjii raaga saayyiida duuroo, hawaasni kabaja iddoo kanaaf qabu maal akka ta'e, iddoon kun hawaasaaf bu'aa buusee fi faayidaa inni kennee fi yeroo ammaa kana sadarkaa akkamirra akka jiru qoradheera.Raaga saayyiida duuroon iddoo seenaa ta'uu isaa bakka itti hawaasni walgahee waaqa isaa itti kadhatu, dhukkubsataan bakka dhiibee isaarraa fayyu, iddoo wal dhabdeen itti hiikatu fi kan kana fakkaatan kan raawwataman ta'uu isaati. Walumaa galatti bakka seenaa qabeessa Raaga saayyiida duuroo kana qoratamee dhalootaa dhalootatti akka darbuuf kan qorannoon barbaachisee jechuudha.

BAAFATA

Qabiyyee **Fuula**

GALATA.....i

AXAREERAA.....v

BAAFATA.....vi

BOQONNAA TOKKO:-SEENSA.....1

1.1 SEEN- DUUBEE QORANNICHAA.....1

1.2 KA'UMSA QORANNICHAA.....2

1.3 Gaafilee Qorannichaa.....2

1.4 Kaayyoolee Qorannichaa.....2

1.4.1 Kaayyoo gooroo.....2

1.4.2 Kaayyoolee gooree.....2

1.5 Barbaachisummaa Qorannichaa.....3

1.6 Daanga qorannichaa.....3

1.7 Hanqinaalee Qorannichaa.....3

1.8 Naamusa Qorannichaa.....4

1.9 Malleen Qorannichaa.....4

1.9.1 Maddeen Ragaa.....4

1.9.2 Tooftalee odeeffannoon ittin funaanamu.....4

BOQONNAA LAMA: SAKKATTA'INSA BARRUULEE..... 6

2.1 Maalummaa Raaga.....6

2.2 Faayidaa Raaga.....7

BOQONNAA SADII: SEEN-DUUBEE BAKKA QORANNICHAA..... 8

3.1Argama Aanaa Arsii Nagellee.....8

3.2 Haala Teessuma lafaa.....8

3.3 Haala Qilleensaa.....9

3.4 Qabeenya uumamaa.....9

3.5 Moggaasa maqaa Aanichaa.....10

3.6 Baay'ina Ummataa.....10

3.7 Haala Hawaasummaa 11
3.7.1 Afaan 11
3.7.2 Aadaa 11
3.7.3 Amantii 11
3.7.4 Diinagdee 12
3.7.5 Hidda Latiinsaa 12
BOQONNAA AFUR: RAAGA SAYYIDA DUUROO 15
4.2 Haala Uumama fi Moggaasa Dirree Raaga Sayyida Duuroo 16
4.3 Raawwilee dirrree raaga sayyida duuroo irratti raawwatamaan 17
4.4 Faayidaa raagni sayyida duuroo hawaasa naannichaaf qabu 23
4.5 Hirmaatota waltajjii raaga sayyida duuroo 24
4.6 Nyaata fi dhugaatti aadaa waltajji guutuu tasiisan 24
4.7 Haala yeroo amma raaga sayyida duuroo fi egeere isaa 24
BOQONNAA SHAN: GOOLABAA FI YAADA FURMAATA 25
5.1 GOOLABA 25
5.2 YAADA FURMAATA 25
WABIILEE 26

BOQONNAA TOKKO:-SEENSA

1.1 SEEN- DUUBEE QORANNICHAA

Lubbu-qabeeyyiin addunyaa kanarra jiratan hundinuu ayyaana mata isaani qabu. Ayyaana kanas uumaa isaani irra kan argatan yommuu ta'u; dhalli namaas akkuma uumama biro ayyaana isa waliin dhalate niqaba. Ayyaani uummata Oromoo biratti baayyee beekamadha. Namoonis ayyaantuun,beekaa,ragduu fi kan biros hawaasa kana keessatti iddoo guddaa qabu.kun hariiroo waaqaa fi nama sana gidduu akka cimuu taasisa. Yaada kana ilaalchisee, Dirribii Damisee(2012):112)"Ayyaantuun nama dhimma amantii sirritti hordofu seera fi sirna waaqeffannaa beeku; nama waan laagatamuu malan eeggachuu fi lagatu dha.

Namooni hawaasa keessa jiraatan keessatti ayyaantuummaa adda addaa qabu. Kanarratti Maammoo Gadaa (2002:77) "Nama keessayis ayyaantuuwwaan umaaman ayyaantummaa namoota kan caalaa qaban kan akka Qaalluu uumamaa akka jiran beekamadha."kana jechuun waaqni namaa hunda keessa kan safuu isaa eegee fi kan safuu isaa hin beekneef ayyaantummaa hin argatu jechuudha. Kan ajaja waaqaa fuudhatee, kadhaa waaqaa jabeesse fi kan safuu waaqaa dagatee,kadhaa waaqaa dagatee , jiraachuu isaa kan ofii isaatiif uummata godhaateef waaqni ayyaantummaa. Hin kennuuf Ayyaantuun ayyaantummaa waaqarraa argate kanatti fayyadamee ummata miidhuu hin qabu, yaada kanarratti Leellisa Zamaduu (2015:215) " Ayyaantuun dhimma amantii qofa uumaan akka safuu eegu gorsu eebbisuu malee akka warra Qalluu amma (si'aana) kana waanan jedhe gochuu diddee sin ajjeessa,sin naafessa jedhanii namatti hin dhadatan." Yaadni kunis hawaasa Oromoo keessatti ayyaantuun ayyaantummaa waaqa isaani irraa argataanitti amanani akka seeraa fi safuu waaqni jeedhen kan ummata tajaajila. Raagni sayyida duuroos sirna ayyaantummaa namooni Oromoo qaban keessa isa tokko. Kan ummanni yoo rakkate waa'ee uumaa fi uumamaa dubbifatuu dadhaban,balaan hamaan dhufe, hongeen cimaa dhufe itti dhaqanni raagsifatani dha. (madde dhaqqaboo daaluu).Waluma galatti,ilmi namaa haala jiruufi jireenyaa isa keessatti akkataa uumaa isaa waliin dubbatuun qaba.ummanni Oromoos waaqa isaa kara ayyaantuutiin dubbiffata**.**

1.2 KA'UMSA QORANNICHAA

Ummanni Oromoo seena, dudhaa, achi as dhuftee fi barsiifaatamata ofii qaba. Oromoon Aadaa hedduu qaba isaan keessas Ateetee, Abdarii,Horooroo Affachuu, kana fi kan kana fakkatanni jiru.Qorannoo koo raga Saayida Duuroo irratti hojjechuuf wanti ka'umsaa naaf ta'e dhimmi raaga sayyidaa Duuroo xiyyeeffannoo hin lanneef(arganne).

1.3 Gaafilee Qorannichaa

1. Raagni Saayida Duuroo maali?
2. Raawwileen Aadaawoo achitti rawwatamaan maal fa'i?
3. Haalli uumamaa fi seena moggasa Raaga sayyida Duuroo maal?
4. Faayidaan Raaga Sayyida Duuroo maal?
5. Haalli yeroo amma Raaga Sayyida Duuroo maal fakkata?

1.4 Kaayyoolee Qorannichaa

1.4.1 Kaayyoo gooroo

Kaayyoon bu'uura qorannoo kana Ragaa Sayyida Duuroo Oromoo Godina Arsii Lixaa Aanaa Arsii Nagellee qorachuudha.

1.4.2 Kaayyoolee gooree

- Maalummaa Raaga Sayyida Duuroo ibsuu,
- Raawwilee Aadaa achitti raawwatamaan ibsuu,
- Haala Uumama fi moggaaa bakkicha ibsuu,
- Faayidaa iddoon kun hawaasa naannichaaf qabu ibsuufi
- Haala yeroo amma irratti argamu ibsuu

1.5 Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun faayidaalee hedduu qabaachuu mala. Tokkoffaa, namoota gara fuulduraatti bifa kitaabaan barreessani maxxansisuu barbaadaniif akka ka'umsaatti fayyadu danda'a.Namoota qorannoo biroo Raaga sayyidaa Duuroo irratti qorataniif ni gargaara. Lammaffaa, yuunivarsiti keessati barattoota aadaa fi afaaniitiif yeroo qorannoo taasisan akka fakkeenyatti taajajiluu danda'a. Gama biraatin sababoota adda addaatiin babal'achuu amanta irraan kan ka'e jijjirama dhufu keessatti aadaan kun laafuu yookiin badu danda'a. Qorannoon kun immoo akka madda raga seenaatti tajaajilu danda'a.Dabalataanis yaadni furmaata qorannoo kana irratti ta'e yoo hojiiti hiikame,aadaa kana deebisani ijaaruufi hariiroon hawaasummaa aadaa fi fedhi ummata irratti hundaa'e akka cimee itti fufuuf ni fayyada.

1.6 Daanga qorannichaa

Qorannoon koo kun naannoo Oromiyaa godina Arsi Lixa,Aanaa Arsii Nagellee irratti kan daangeffame yommuu ta'u mat-dureen qorannoo immo Raaga saayyida duuroo irratti xiyyeeffata sababni daangeffamu qorannoo kanaas tokkoffan Oromoon sikkoo mandoo bal'aa waan ta'eef yeroo ani odeeffannoo funaanachuuf waan naaf hin geenyeef.kanaafuu gosoota oromoo Arsii keesa Raaga saayidaa Duroo irratti daangessen qoradhe.

1.7 Hanqinaalee Qorannichaa

Qorannoo kana yeroon tasiisaa turetti hanqinoonni tokko tokko na muudatani jiru. yeroon odeeffannoo funaannachuuf ramadame gababachuudha Haanqina mallaqa.Kana malees, qorannoo dirree keessati meeshaa suuraa ittin kaasan hin arganne hata'uu malees, hanqinoota kanneen bira darbuun qorannoo kana bifa milkaa'ina qabuun xumureen jira.

1.8 Naamusa Qorannichaa

Yeroo qorannoof hawaasa keessa deeemuu naamusa qorannoo eeguun murteessadha.Kunis milkaa'ina qorannichaaf tumsa.Haaluma kanaan anis yeroon qorannoo kanaaf hawaasa keessa deema turetti namusaa fi safuu hawaasichaa kabajaa fi eeggachaan odeeffannoo barbaachisu funannadhe. Kanas namoota bira deemee fi walitti dhufu hundaa nagaa gafachuun kayyoo qorannoo koo itti himaa akkasumas, waraqaa xalayaa yuuniversitii jimmaa mummee fookloorii fi og-barruu Oromoo irraa naaf kenname itti agarsiisaa qorannoo koo rawwadhe.

1.9 Malleen Qorannichaa

1.9.1 Maddeen Ragaa

Qorannoo kana maddoota ragaa lama fayyadamuun qoradhe.Isaanis maddoota raga tokkoffaa fi lamaffatti.Haalumaa kanaan madda raga tokkoffaa keessatti namoota muuxannoo fi beekumsa waa'ee raaga sayyiida duuroo irratti qaban muraasa keessaa filadhee kallatiidhaan haasofsisuun fi marisiisuun odeeffannoo argadheraa. Ulaagaan qorattuun odeeffanno kennitoota ishee ittiin filatte,durse namoota biro kanneen waa'ee aadaa irratti muxxannoo fi dandeetii qabaan naaf eeru danda'an gaafadhe, ittii ansuun immoo namoota eeramaan kanneen kayyoo qorannoo koo itti himuun yaada isaan naaf laatan walitti qabadheera.Maddi ragaa lamaffaan immoo waraqaalee qorannoo kanneen namoonni mata duree kana fi kanaan wal fakkataan irratti qoratamaniif kitaabilee kanneen wal fakkatu irratti barreeffaman duubisuun yaada koo cimsadheera.

1.9.2 Tooftalee odeeffannoon ittin funaanamu

1.9.2.1 Af- Gaaffii

Namoota waa'ee Raaga sayyiidaa duuroo irratti muxxanoo fi beekumsa qaban waliin gaafifi deebii taasisee yeroo isaaniif tolutti itti deddebi'ee odeeffannoo irra funanadhe. Isaan waalin gaafi deebii taasisuun,sagalee warabuun fi yaadannoo qabachuun odeeffannoo argadhe af -gaafiin namoota kudha lamm(12) barbaada sababni kudha lama filadheef kana gad yoo ta'e odeeffannoon ani barbaadu na jala xiqqachuu danada'a kana ol yoo ta'ees isaan hoganuun ni ulfaata namoota dhiira jaarsotaa umriin isaanii (45-70) namoota waa'ee Raaga sayyida duuroo sirritti beeku fi isaan argaachuuf immoo namoota muraasa wal bareen irraa odeeffadhe, gaafifi deebii namoota kaneen waliin kan taasisee yeroo isaan naaf bellamanitti bira deeme haasofsiseera.

1.9.2.2 Marii garee

Mariin garee tooftaalee odeeffannoon ittin funaanamu keessa isa biro yoo ta'u mala kanaas itti dhiyaadhe gafaachuun namoota beekumsa fi muxxannoo waa'ee iddoo Raaga sayyida duuroo qaban wajjiin tasiseera kana jechuun namoonni hedduun yeroo waliin mari'ataan namni tokko yeroo dubbatu tokko caqasuun isaa namni biraa irraanfate yaadachisa,haala kana keessa ani immo odeeffannoo barbaachisa argadhera. Kana malees, yeroo walitti dhuufanii waliin hasa'uu danda'uu kun immoo odeeffannoo gaha argachuuf nagargaarera.

Mariin garee lamaatu jira. Sabaabni garee lamaa barbaadeef yaada garee lamaanii gidduu jiru hubachuuf na fayyadera. Kan tokko dagatee tokko yaadachisuu danda'a gareelee saddeet saddet qaba. Sabaabni isa gareen namoota saddeti gad yoo ta'ee na jala xiqqata. Yaada bal'aa yookiin oddeeffannoo gahaa argachuu hin danda'u. Gama biraatiin immoo garee saddeti ol yoo ta'an isaan hoganuun ni ulfaata, namoota dhiira kan umriin isaanii 45-70 waa'ee Aadaa Raaga sayyida duuroo sirritti beekan lammataa isaan kaneen hundumaa keessa namoota lama lama hirmaachisee ergaan oddeffadhee booda isaan bira deemuun marisifadhe, achi booda yeroo fi iddoo isaan hundaaf mijaatutti waa'ee mata dure koo irratti marisisee. Yeroon isaan marisisuu yaadanno qabachuun odeeffannoo funaanadhe, jalqaba qabxii marii ergan kaase booda gidduu giddutti gaafi tokko tokko gaafachuun akka qabxii marii gaha hin irraanfane yaadachise marii koo gaggeessera.

BOQONNAA LAMA: SAKKATTA'INSA BARRUULEE

Barruulee garaagaraa sakkata'uun qorannoo tokko guutuu taasisuuf gargaara.Anis qorannoo kanaaf kitaabilee mata durichaa irratti barraa'an jiraachuu baatus kitaabilee mata durichaan wal fakkaatan sakkata'een jira.

2.1 Maalummaa Raaga

Sirni raaga sayyida duuroo hawaasa Oromoo aanaa Arsii Nagellee biratti sirna turtii umrii dheera qabudha. Oolee buleera yeroo gara yerootti iddoo sanati rawwatamaa tureera keessumaayyuu hawaasa aanichaa biratti yoo waa'een raaga kaafamu, sirna qaalluu fi qaallititu yaadatama sirni kun isaaniin raawwatamaa waan tureef kanaaf garga bahanii hin ilaalamaan.

Kana ilaalchisee akka fedhasa Taaddasaa Guutaa(2013) jedheeti qindaa'ina seenaa keesssattii waan gara fuulduratti ta'uuf jiru tilmaamudha. Jireenyi nam fakkii tokko maal ta'uuf akka jiru agarsiisa gochi booda dhufus kanarraa tilmaamame.Dubbistoonni waan sichi ta'u raagarraa fulchaa argatu. Kanaafuu, tooftaan kun qindaa'ina seenaa keessatti yaada rarraasuuf human cimaa qaba dubbistonni Ayyaantuu fi qaalluun tokko miti. Ayyaantuun waaqeffannaa durii bara ammaa dogongoraan qaaalluu jedhama jiru. Qaalluun fagu bara 1800 shawaa lixaa naannoo warra jijoo gabataatti eegalame (Dirribii Damusee 2009:109)

Qaalluun maqaa fi amala orma bira gara ummata oromootti (waaqeffatootti) dhufeedha malee waaqeffataan ani qaalluudha ofiin hin jedhu, garuu ani ayyaantuudha ofiin jedha. Warri amma ayyanatu natti dhalate jechaa raagan erga oromoon maccaa intala amboo fuudheeti booda Ayyaantuu warri jedhaman osoo hin qaallomin kennaa waaqaan kan milkooman, waan hojjetanii fi dubbatan kan fiixa bahuuf, kanneen akka maallimoo, waataa, eker dubbiftuu,moora laaltuu, dhaha dhooftuu fi akkasumas warra deessiftuu fi caba waldhaanan maqaa dhahuun ni danda'ama

Waayyuu utubaa waaqeffannaa ta'an keessaa tokko qaalluu yookiin qaalittiidha. Qaalluun waayyuu dhiiraa uumamaan auyyaana waaqaa isa waan waaqaa hiikee ibsu,goonfateedha. Qaallittin immoo waayyuu nadhoo yookiin dubartii uumamaan ayyaana waaqaa isa waan waaqaa hiikee ibsu,goonfatteedha. Namooti akkanaa,kanneen uumamaan fedhii fi seera waaqaa hiikuu fi ibsuuf waaqaan muudamanii dhalatan ayyaantuudha. [Waldaa Aadaaf Dudhaa Oromoo (2006:172).

2.2 Faayidaa Raaga

Sayyidni duuroo hawaasa naannoo kutaalee adda addaa irraa dhufan biratti beekamtii fi jaalalaa kan argatan hojii raaga qulqulluu fi ifa ta'e hojjaachuun waan beekamanii fi raaguu qofa osoo hin taane dhimmoota hawaasummaa akka beelee,quufee,gargaarsa irratti gahee guddaa hojjachaa turaniiru wantoota raaga sayyida duurootti raagamaan keessaa roobaa, caama, beelaa, quufa, fayyaa fi dhibee,deeffuu dhaaha argachuu fi dhabuu fa'e raagamaa turan. Fakkeenya barri itti aanu bara quufaa fi bara beelaa fi kana malees waantoota akka jimaa fi mageedoos raagamaa ture sayyidni duuroo rakkoolee amma keessa jiru qofa osoo hin taane kan gara fuuldura dhufaanis durse raaga. Qaalluu mil'uu fi ayyaana waaqaan guutamanis kennaa waaqaa kanaan riqicha waaqaa fi nama gidduu ta'anii dubbii waaqaa dubbatan, iccitii umaa uumamee gamaaf hiikanii ibsan, dhibdee matayyaa fi hawaasaaf hiikkoo kennanii akkatti falamu mul'isan, dhaba namaa eebbisanii daandii gaarummaa fi badhaadhinaa kan waaqaa fi waaqeffannaa qabsiisan; dungoo dubbii waaqaa, sagalee amantii waaqeffannaa fi utubaa amantii waaqeffannaa ta'uun akkuma diroo darbaa asqaari'an, dhalootaa dhalootatti diroo darbaa fulla'an, qaalluunis dhalootaa dhalootatti darbuun,akkuma dur turetti, ergeres hatoo ta'uunsa mirkana'adha. "Ayyaanni qaalluu hatoodha."Waldaa Aadaaf Dudhaa Oromoo Daaniya (2006:180).

BOQONNAA SADII: SEEN-DUUBEE BAKKA QORANNICHAA

Seensa

Boqonnaa kana keessatti argama, haala teessumaa lafaa,haala qilleensaa, qabeenya uumamaa, moggaasa, baay'ina uummataa,haala hawaasummaafaatu walduraa duubaan sakkataa'ama.kunis haala walii gala aanichaa beekuuf gargaara.

3.1Argama Aanaa Arsii Nagellee

Qo'annoon kun naannoo Oromiyaa godina arsii lixaa aanaa arsii nagelleetti gaggeeffame. Aanaan kun aanota godina arsii lixaatti argaman keessa tokko haalli daangeffama ishee argama birqabaatiin yoo ilaallee, kaabaan aanaa adaamii tulluu, jiddoo kobolchaa, kibbaan magaalaa shaashamannee,bahaan aanaa muunessaa fi qoreen, dhihaan aanaa shaallaa fi alaabaan daangeffamtee argamti. Digriin immoo mudhii lafaarra dangee 7 fi 41 kaabaa fi kibaa $38^0$340^{0}baha gidduutti argamti (Wajjira Aadaa fi Turiziimii Aanicha,1999)

Magaalli guddoon aanichaa Nagellee yoo taatu,magaalaa gudditti godina arsii lixaa shaashaamannee irra kaabaatti kiloomeetira dhibba lamaaf digdamii shan (225) fagaattee argamti Hundeeffamni ishee bara kudha sagali soddomii jaha(1936)tti haalli maggaasa maqaa aanaa arsii nagellee jedhu jecha "Nagaya" jedhu irraa dhufe,kana jechuun ummata "nagaya" jechuudha. (Wajjira Aadaa fi Turiziimii Aanicha).

3.2 Haala Teessuma lafaa

Kuma Kudha tokkoof Shantamii saddeet (11,099.58) yoo ta'u Aanaan arsii nagellee bal'ina lafaa kiloomeetira iskuweerii miliyoona tokkof ,kuma dhibba afuriif,kuma digdamii jahaaf,dhibba torbaa fi digdamii saddeetti (1,4,26,728) bal'achuun aanolee godinichaa keessa isheen bal'oodha. Olka'insa lafaa meetirii kuma tokkoof dhibba shanii hanga kuma sadii fi dhibba shan (1500-3500) fi sulula qiinxamaa keessatti kan argamtuudha. Itti fayyadama lafaa ilaalchisee, lafa misoomaaf ooluu heektara kuma shantamii sagal, dhibba sadii fi digdamii shan(59,325), lafa fuula dura misoomu heektara dhibba jahaaf,jahaatamii lama tuqaa digdamii lama(662.22) kan misooma irra jiru heektara dhibba sagalii fi sagaltamii jaha(996), lafa margaa heektara kuma saddeetamaaf,dhibba saddeetif, torbaatamii sagal tuqaa jahaatami jaha(8,879.66) lafa bu'aa baa'ii heektara kuma sagal, dhibba sagalii fi sagaltama(9,990), lafa bishaanin uwwifame heektara kuma afurtamii afuriif, dhibba torbaaf soddomii tokko tuqaa digdamii shan (44,731.25) fi investimeentiin kan qabame heektara kuma kudha tokkoof,sagaltamii sagal tuqaa,

walumaagalatti heektara kuma dhibba lamaaf kuma jahaatamii jahaaf, dhibba shaniif digdamii tokko tuqaa sagaltamii sagal (2,66521.99) kan ta'u qabdi (Wajjira Aadaa fi Turizimii Aannicha).

3.3 Haala Qilleensaa

Aanaan Arsii Nageellee qilleensi ishee gaaridha. Haalli qilleensa ishee gammoojjii dhibbeentaa soddoomi shan (35%) baddaa dhibbeentaa kudha sagal (19%) fi badda dareen dhibbeentaa afurtamii jaha (46%) kan qabduudha[Wajjira Aadaa fi Turiziimii Aanicha).

3.4 Qabeenya uumamaa

Aanaa arsii nagellee qabeenyota uumamaatiin badhaatuudha. Qabeenyi uumamaa aanaa kana keessatti argamani lageen,biqiloota,garreen, bineensotaa fi biyyee adda addatu argama.Laggeen aanaa kana keessatti beekaman keessaa , Hulluqaa,dhaadhabaa,fincaa'a leephiisii,horaa laangannoo fi horaa shaala faa'atu argama. Lageen kanneen kessaa horaa laangannoo fi horaa shaallaa irraa boojjiin beeylaadooni nyaatan irraa argama (Waajjiira Misooma Qonnaa Aanaa Arsii Nagellee).

Biqilootni aanaa kana keessatti sanyii garagaraa heddutu argama. Kana keessaa muraasnii, Gaatiraa,Heexoo,waddeessa,Birbirsa,Hindheessa,Gatamee,Ejersa,Laaftoo,Mokkanisa,Odaa,Badd eessa,koraqaa fi kan kana fakkatanidha. Biqilootni kunniin faayidaalee akka ijaarsa adda addaaf oolaa, qorichummaa fi urgooftuu adda addaaf ooluun hawaasa aanichaa heddu tajaajilaa jiru.

Garreen immoo; gaara duuroo, gaara yaakuloo, gaara shaawaa,gaara baataa, gaara awwaaraa fi gaara aagaa fa'atuu argama (Obboo Kadiir Dhaqabaa).

Bineensoni Aanaa kana keessatti argaman bineensota bosonaa fi beeyladoota jechuun iddoo lamatti qoodnee ilaaluu ni dandeenya. Bineensotni aanichaa keessatti argaman waraabessa, booyyee, jaldeessa, qeerransa, bosonuu, kuruphee, gadamsa, yeyyii fi jeedala diimtuun baay'inaan argamu.

Biyyeen aanaa kana keessatti gosoota adda addaatu argama.Isaan keesssa baay'inaan biyyeen gurraachatu argama. Biyyeen suphees amma warra kaani bay;achuubaatus darbee darbee ni mul'ata. Biyyeen diimaa fi adiin immoo iddoo magaalatti manaan ijaarachuuf (dhoobuuf)baay'ee

waan barbaadamuuf gatii guddatti gurguramaa jira. Biyyeen gurraachii immoo qonnaaf oolaa (Obbo Huseen Dhaqabaa).

3.5 Moggaasa maqaa Aanichaa

Akka manguddoonni jedhanitti moggaasni Nageellee jedhu dura adaba irraa dhufe. Kana jechuun fedhii uummanni Nagayaa fi tasgabbii barbaadinsaaf qabu kan ittin ibsataniidha. Erga gara iddoo ammaa jirtutti dhuftee, eebbaan magaalaa haaraa Aanaa Arsii Nageellee jedhamtee akka moggafamtu ta'e Magaalli tun bakka itti hundeeffamte irraaa gara iddoo amma jirtutti kan godaante bara kudha sagal soddomi jaha (1936) akka ta'e hawaasni naannoo sana ni himu. Jijjiirraa kanaafis sababni boora'iinsa nageenyaa nageellee duraa mooftuu daandiin koonkolataa magaalaa tana qaxxaamuru hojjatamuu isaa fi bishaan dhugaati dhiyeenyatti argachuuf akka ta'e manguddoonni ni eeru. Haalli kanneen fedhii yeroo sanii ummattichi qabu guutuu waan ta'eef jalqaba iddoon filatame qarqara laga dhadhaabaa ganda qarsaa ilaalaa ture (wajjira aadaa fi turizimii aanaa).

Haata'u malee iddoon sun ta'uu akka hin dandeenye dhorkan. Haadha warraa nugusee Iteegee manneen turan kunis kan ta'eef akkata qoodata lafa bara saniitti lafti Aanaa Arsii Nageellee irraa caalaan isaanii kan girmaawiti iteegee waan tureef aanaanis akka qabeenya isaanitti kan waamamtu waan ta'eef magaalan hundeeftu tun akka achii gara qacceetti baatu feedhiin hin qaban kanaaf qarqara daandii fi laga awaadee akka taatu murteeffame.

3.6 Baay'ina Ummataa

Baay'inni ummata Aanaa Arsii Nageelle kuma dhibba lama, kuma jahatamii afurii fi dhibbaa sadii fi kudha afur (2,64,314) yoo ta'u kana keessa dhiirri kuma dhibba tokkoof, kuma soddoomaf dhibba sagaliif sagaltamii saddeet (1.30,998) fi dhalaan kuma dhibba tokkoof,kuma soddoomi sadiif dhibba sadii fi kudha jaha (1,33,316) of keessaa qabdi. Gandoota baadiyaa afurtamii sadii fi gandoota magaalota shan of keessa kan qabdudha. Walumaa galatti gandoota afurtamii saddeeti of keessaa qabdi Akka Ejensi lakkoofsa ummattafi mana (bara 2008). Baay'inna ummata keessaa kan baadiyaa dhiiri kuma dhibba tokkoof kuma shaniif fi tokko (1, 05001) dubartoonni kuma dhibba tokkoof kuma jahaaf dhibba sagalii fi sadeettamii afur of keessaa qabdi.

Kan magaala dhiiri kuma digdamii shan,dhiobba sagaliifi sagaltamii torba (25,997) dubartiin kuma digdamii jahaa,dhibbaa sadiif sodomii lama(26,332) yoo ta'u ida'amni isaani kuma

dhibbaa lama,kuma jahatami afur,dhibba sadif kudha afur(2,64,314) kan ta'u qabdi (wajjira aadaa fi turizimii aanaa).

3.7 Haala Hawaasummaa

3.7.1 Afaan

Afaan Oromoo afaan ummatni aanichaa ittin waligaluu fi afaan hojii waajjiroota mootummaa aanichaati.Afaan Oromootti dabalee naannoo magaalatti afaan Amaaraatu dubbatama. Naannoo baadiyaatti garuu irra callati afaan Oromootu dubbatama (Obbo Huseen Dhaqabaa)

3.7.2 Aadaa

Oromoon Arsii Nagellee aadaalee bal'aa qabu. Isaan keessaas aadaa nyaata fakkeenyaaf gosoota aadaa nyaata beekamoo kan akka finiinaa,micciirraa(daraaraa), caccabsaa, halaqanaa, marqa, koofaa midhaanii,koofaa warqee, shuumoo, daabboo, qixxaa fi marmareen isaan beekamoodha. Aadaa fuudhaaf heerumas qabu. Isaanis kadhannaa,gabbara,walgara,hawii,aseennaa,dhaalaa fi bembatoo dha.(Obboo kadir Dhaqabaa)

Kanneen malees aadaalee akka walgargaarsa,walaroomsaa,waaliin waaqa kadhachus qabu. Fakkeenyaaf yeroo namoonni waldhaban gosaan, balbaalan,gandaan,aanaa fi abbootin walitti bu'an heera (seera) ittin araarfatan qabu. Maloota araaraa kanneen keessas jaarsummss,gumaa baasuu fisiiqqee bal'inaan itti fayyadamu. Aadaa uffatas qabu. Bonkoo,qoloo,kal'oo fi gonfaa fa'ii (Obbo Kadiir Dhaqabaa).

Aadaa walgargaaruu,walii kennu,wal nyaachisuu,wal obaasuu,wal kunuunsuu,wal kabaju wal jaalachuu fi ummata sadarkaa jireenyaan walfakkatu uumaata carraaquun isaanii aadaa ummatichaa keessatti baay'iee mul'ata(Obbo Kadir Dhaqabaa).Dabalataanis hawaasni arsii nageellee ayyanota heddu bifa aadaa fi duudhaan ayyaaneffatu. Ayyaanoonni kanneenis buttaa, ateetee fi irreecha fa'a ta'u walumaa galattii aadaan kun sirna gadaa oromootiin rawwata. Haa ta'uu malee sababoota adda addaattiin sirni gadaa kun laafaa dhufus Oromoo Arsii Nageellee biratti aadaan kun ba'inaan hojjataa jira.

3.7.3 Amantii

Amantiileen aanaa kana keessatti argaman, Islaamaa,kiristaanaa fi waaqeffannaa dha. Isaan keessaa bal'inaan kan ummatni hordofu amantii Islaamaati. Naannoo magaalatti amantiin kiristaanaa ni mul'ata. Dur osoo amantiileen kunniin gara oromoo hin dhufin dura ummanni

aanichaa hundinuu waaqeffaata turan jedhama (Akka bay'ina ummattafi mana tasifametti bara 2008) yeroo ammaa kana garuu, parsatii dhaan yommu ilaalu islaamni saddeetami lama (82%) kiristaanni kudha shan(15%) fi waaqeeffataan immoo parsantii (3%) ta'a jechuun dha.(Akka Ejensi Lakkoofsa uummataa Giddugaleessa,2008).

3.7.4 Diinagdee

Ummaatni Aanaa Arsii Nageellee harki caalu qonnaan bulaadha. Kan afan immoo; daldaltoota,hojjatoota,baratoota fi horsisee bultootadha. Hojiin qonnaa parsantiidhaan yommuu ilaalamu; saddeetama(80%) ta'a. hojiilee qonnaa aannichaa keessaati beekaman kanneen akka loon horsisu paarsantii afurtama (40%) lafa qotuu parsantii soddomi shan(35%) fi gaagura hiidhuu (kaniisa horsiisuu) parsantii shan (5%) fa'adha.Beeladoonni kanneen akka; loon,fardeen,harroota,hooloota,ree'ota,lukkoota fi gaangonni aanichaa keessatti baay'ina horsifama(Wajjiira Misooma Qonnaa fi Daldala Aanichaa).

3.7.5 Hidda Latiinsaa

Jalqabni oromoo madda walaabuu akka ta'e ni himama. Akkasumas, jaarsonni oromoo uumaan walaabuu baate jedhu.Ummanni Oromoo dachee oromiyaa irraa faffaca'anii lafa baldhaa qabatanii jiraatu. Oromoonni hidda sanyii kuush keessaa isa tokko (Madda Seenaa Oromoo hanga jarraa16ffaa :1998: 204).

Ummatni Oromoo Arsii keessa jiraataan sikkoo fi mandoodha. Ummanni kun yeroo ammaa naannoolee oromiyaa hedduu keessaa faffaca'ee jiraata. Caalatti garuu, godinaalee Arsii,Baalee,Arsii lixaa fi kaaba Shawaa keessatti argamu (Wajiira Aadaa fi Turizimii Aanichaa).

Hidda Latiinsa

Oromoo

Boorana **- Bareentuma**

- Marawwaa

- Dhumuga

- Arsii jedhu.

(Maddi: Seenaa Oromoo hanga jarraa 16ffaa: 1998: 204)

Gama biraatiin hangafooma sikkoo fi mando ilaalchisees odeeffannoo adda addaatu jira.Akka ragalee barreeffama Arsii irratti hangafni sikkoo akka ta'e ibsu.Ragaaleen odeeffannoo maanguddota arsii garuu sikkoo dhalootaan hangafa, seeraan quxusuudha jedhu. Sikkoo balbala shan qaba; bullaalla,waacaalee,jaawwii fi ilaanii dha.

Latiinsa sikkoo

Sikkoo

Bullaala **Waacaalee** **Jaawwii** **Waajjii** **Ilaannii**

Odeeffannoon jaarsolee sikkoo fi mandoo akka ibsanitti sikkoo ilmaan Shan qaba. Bullaali hangafa ilma sikkooti, warri kan bira tartiiban kaawwaman maandhaadha (quxusuudha). Akka odeeffannoo kanatti naannoo jaarra kudha tokkoffaa bullaalichi waabee cehee (karaa dida'aatiin) dhufee bakka amma arsii dida'aa jedhamee beekamu "bullaala" jedhee qabatee moggaasee jedhama.

Haaluma kanaan mandoo dhalootaan utuu hin ta'in seeraan haangafuma sikkooti. Qubsamni mandoo hedduuminaan qubatee jiru malka waabee gama ta'ee yeroo amma Godinaa Baalee jedhamu keessatti argama .Haa ta'u malee daangaa malkaa waabee gama gamana sikkoo fi mandoo waluma keessa jiraatu. Gara latiinsaa fi hidda gosa mandootti yoo deebine, mandoo balbala torba qaba jedhama.Isaanis; raayyaa, hawwaxu, kajawaa, wanawaa, utaa, waayyuu, biiltuu (harroojji) jedhamu.

Latiinsa Mandoo

Mandoo

Raayyaa	**Hawwaxxuu**	**Kajawa**	**Waanam**	**Utaa**	**Wayyuu**	**Biiltuu**

Odeeffannoo hedduurra akka hubatamutti raayyaan ilma dura mandoo yoo ta'u gosa xixxiqqaa soddomi sadii of keessaa qaba.Isaan kaannis haala wal duraa duubaa isaaniitin wal dursu. Egaa arsii kan jedhamu warra hidda dhaloota Arsii qofaa osoo hin taane, bishaan waabee gamasii fi gamana arsooma kan himatan mara.Barreessitonni seenaa tokko tokkoo bakka kana qabiyyee arsii jedhanii waamu.Akka walii galatti sikkoo fi mandoo walitti qabaan balbala kudha lama qabu. Maqaan aanolee fi gandoota baalee fi arsii maqaalee balbaloota fi ibiddaa sikkoo fi mandoo kanarra kan burqaniidha.

Qubsuma gosoota utaa fi waayyuu addaan kan baasuu daandii finfinneerra ka'e gara mgaala kofalee qaxxaamure darbuudha. Daandii kanarraa gara lixaa kan qubatee waayyuu yoo ta'u, gara kaabaatiin utaatu qubateerra utaa fi waayyuun gosoota oromoo arsii yoo ta'an lafa waalbee fi lafa loya'a qabatee hanga laga ageettuutti qubataniiru.

BOQONNAA AFUR: RAAGA SAYYIDA DUUROO

Seensa

Boqonnaa kana keessatti maalummaa Raaga SayyIda Duuroo,Haala uumamaa fi moggaasa,faayidaa raagni sayyida duuroo hawaasa naannichaaf qabu,hirmaattota waltajjii, nyaataa fi dhugaati aadaa, haala yeroo ammaa raaga sayyida duuroo fi egeree isaafaatu ilaalama.

4.1 Maalummaa Raaga sayyida Duuroo

Sayidni duuroo iddoowwaan seenaa oromoo arsii aanaa arsii nagellee keessatti argaman keessa isa tokko fi beekamoodha. Yeroo bakki kun akka iddoo seenatti jalqabame guutumaan guututti yoo hin beekamnes ragaan qabatamaan hin jirres, naannoo bara mootii habasha Hayile sillaasee keessa akka ta'e akaakayyonni fi abaabayyoonni keenya ni dubbatu. Kana jechuun iddoon kun hawaasummaa, diinagdee, siyaasa fi amantaa ta'uun tajaajilaa waan tureef hawaasa aanatti biratti jaalalaa fi kabaja guddaa qaba. Dhibamaan achitti fayya, kan wal dhabe achitti araarama, kan wal jalaa waa hate achitti waliif deebisa yookiin amana kan mujiisaye mujaa baasu, kan haraama'e achitti qulqullaa'a. sirnoonni akka ateetees iddoo kanatti raawwatamee turaniru. Ammas raawwatamaa jira. Dhimoota hawaasumaa achitti rawwataa turanis milka'inni ol'aanaan tureera jedhuu manguddonni naannoo sana jiraataa turan. Kadhaan isaani ni dhaag'amaaf qabatamaan mul'ata kana irraa ka'uun yeroo tokk tokko battla (dirree) iddoo milkii, iddoo dhugaa jedhamuun beekamti.Iddoo waan barbaadan itti argatan.

Gaama biraatiin iddookun yeroo itti eegale ifa ta'ee yoo hin beekamnes, nama maqaan isa haaji Aliyyii Hayaatoo wataaboo jedhamuun akka ta'e manguddoonni raga bahu. Bakki jireenya isaa ashookaa leephis. Lafa yeroo ammaa distriiktii bosona gamboo yoo ta'u, osoo bakki kun akka iddoo seenaatti hin beekamne dura naannoo kanatti maqaa ratticha duuroo jedhamuun waamamaa tureera. Kun immoo waa malee miti. Sababni isaa raattichi kun waan gara boodaa dhufuu danda'u himaa waan turef barri egeree bara quufaatii, bara beelaatii,bara caamaatii, bara roobaati, kana malees maqaan isaa ratticha duuroo jechuun ummatni itti waamaa ture kunis gara fuulduraa hawaasuma keessaa nama tokkoon akka jijjiramu raage ture.

Haaluma kanaan guyyaa sanbata xiqqaa tokko ganamaan iddoo ciisicha isaaniiti ka'uun ummata baay'inni isaa kuma tokkoo ol ta'u dammaqsanii "ani maqaan koo kanaan dura raaticha duuroo" jedhamaa ture. Yeroo ammaa garuu namticha diimaa qal'aa maqaan koo jijjiru ni dhufaa eegaa jedhee ummata eegsisa. Akkuma isaan jedhan namtichi diimaan qal'aan maqaan isaa galchoo hordofoo dhufe lafa ol ka'ee halkan aabjuun argee, maqaan isaanii raaticha osoo hin taane sayyida duurooti jechuun ummatatti hime, guyyaa sana eegalee maqaan isaa sayyida duuroo ta'e kanuma irra ka'uun hawaasnis maqaa iddoo seenaa kanas Raaga sayyida duuroo jechuun moggasan.

4.2 Haala Uumama fi Moggaasa Dirree Raaga Sayyida Duuroo

Sayyidni duuroo iddoo Gada muudaa jedhamu kana argachuu kan danda'an eebju arganii gara duuroo kana keessatti gadni kun jiraatuu isaa namni tokkollee osoo itti hin himne kallattidhaan ofii isaaniiti kan argatanii dha. Gadni kunis kanaan dura namni tokkollee arge kan hin beekne ta'uu isaa himaanii maqaa isaatis gada muudaa jedhanii ergaa itti moggaasanii booda. Akkuma dirree sheekanaa Huseen deemuun hafee iddoo kanatti waggaa waggaadhaan muuduu akka qaban dubbatanii turan. Haaluma kanaan waggaa keessatti ji'a birra keessatti muudaa kan turaniifi yeroo ammatis haaluma duraa saniin muudamaa akka jiru manguddoota naannoo isaanii jiraataa turan irraa hubaneera yeroo muudaa fi iddoo sana deeman naannoo muuda sana irratti argamaan kunneen waan nyaataf ta'u gale isaanii bachoo fi kan kana fakkataan qabatanii deeman jechuudha. Warren wanta muudanii sana argatanii gammadaan immoo,horii korma, qabii fi wayaa akkasumas mallaqa arsoomanii galan.

Horii fi ufanni garaagara kunis kan oolu hiyyeessa harka qalleeyyii ta'an kanneen nyaatan of hin dandeenyee fi waan uffatan hin qabneef hirama yeroon turtii muudaa kunis guyyoota torbaanii keessaa muraasa yoo ta'u ergaa sagadanii booda gara dhooqqoo isaanititti galanii waaqa kadhatanii horii iddoo falaati sayyidni duuroo yeroo dhukkubni beelaa fi gadadoo akkasumas caamni biyee irratti hammaate hawwootni ateeteen siinqee ofii qabatanii walitti bahuudhaan dhooqqotti waaqa kadhatan taasiisu hawwotni ateetee kun waa'ee kadhanna roobaatiif yoo bahan hanga roobni roobutti gara mana ofiitif hin deebi'an. Guyyaa rabbiin dhaga'eef rooba kana argatan horii falatanii wal eebbisanii gammachuun gara mana isaaniititti galan jechuudha.

Sayyida duuroo jedhamuudhaan kan beekaman Haj/Aliyyii hayaatoo wataaboo iddoo jireenya isaani ganda ashookaa leephisii distiriktii jedhamu keessa jiraachaa turan.

Maqaa sayyida jedhamu kana osoo hin argatiniin dura sababii garaagaraatiif raatticha duuroo jedhamanii waamamaa akka turan manguddoota naannoo isaanii jiran irraa hubachuun danda'ameera.Sababiin kunis waan hin dhalatin jechuun wanta gara fuula duraatti dhufuu danda'u isaan himuu eegalaan raatticha duuroo jedhamanii waamamaa turaniiru.Maqaa sayyida jedhamu kanas argachuu akka danda'an dursanii himanii turan. Haaluma kanaan jabana mootii Hayilee sillasee keessa bara 1944tti guyyaa sanbata xiqqaa ganama iddoo ciisa isaaniiti ka'anii ummata baay'inni isaanii kuma tokkoo ol ta'uu danda'u lafaa dammaqsanii "ani duraan maqaan kiyyaa jijjiru ni dhufaa jedhanii ummataan eegaa jedhaani eegsisan. Namtichi dhufu kunis yoo dhufe ofii isaati dubbataa eegaa jedhan" akkuma isaan jedhan namtichi diimaan qal'aan kan maqaan isaa galchoo hordofoo jedhamuu kun dhufe. Haaluma isaan jedhaniin namtichi kun lafaa ka'ee halkan eebjuu argee maqaan isaanii raatticha osoo taane sayyida duurootii jedhee ummata bahe kanatti dubbate. Ergasii booda guyyaa sana irraa eegalee maqaan isaani sayyida Duuroo jedhamanii wamamuu eegaaan. Haala kanaan maqaan isa moggaffamef.(Obbo Kadir Dhaqaba).

4.3 Raawwilee dirrree raaga sayyida duuroo irratti raawwatamaan

Sayyidni duuroo hawaasa naannoo sanaatif beekamtii fi jaalala kan argatanii hojii raaga qulqulluu fi ifa ta'e hojjachuun waan beekamaniif raaguu qofa osoo hin taane dhimmoota hawaasummaa akka beelaa, quufaa, gargaarsa irratti gahe gudda hojjecha turani jiru. Wantoota raaga sayyida duurootti reegaman keessaa, roobaa caamaa, beelaa, quufa, fayyaa fi dhibee, deettuuu dhala argachuu fi dhabuu ta'a raagamaa turan fakkeenyaaf barri itti aanu bara quufaati, bara beelaati kana malees wantoota akka magaadaas raagamaa ture. Sayyidni duuroo rakkoolee ammaa keessa jiru qofa osoo hin taane kan gara fuulduraa dhufanis raaga akka turan ni dubbatama. Dursee raga haawotni tan koomee daaraati, tanmorma qaraacitiiti ganama baati galgala galti. Abbaan warraa mana ta'ee eega lafa amma irra jiru kana manatu itti baay'ataa kan ijaare dhiisee deema, ilmaan keenya wajjibaa itti baay'isa bara akkanatu dhufa jechuun raaga tureera wanti kun qabatamaanis yeroo ammaa argameera.

Raagni sirna ofiisa qaba.Akkuma argame hin raagamu yeroo itti raagamu qaba.Sayyidni duuroo yeroo raagaaf barcumaa isaanii irra taa'an guyyaa sanbata xiqqaa ganama ka'anii raaga osoo hin eegaliin dura akkana jechuun uumaa isaa kadhata.

Allaatiin muca malee hootii

Allahuu kiyyaa guddaa mootii

Nu baasiin keenya si haa geettuu

Nu baasi akka ofii beektuun

Wolaloon armaan oli kungudduuma waaqaa waan hunda gochuu akkka dandau ibsuf.

Guyyaa wal fakkaatu torbaan torbaaniin guyyaa sayyidinaa kadiir guyyaa sanbata xiqqaa ammas akkana jechuun faarfatu.

Qara'i malee qara'ee

Katabii malee katabee

Kaabee dhagaan koola si bane

Deebi'ee jennaan deebinee

Deebi'ee alahamdulillahii

Deebiin tee nama guutti

Ee woree woree

Re'ee woree

Hin qaba jettee hin booniin

Hin dhabe jettee hin booyin

Ee woree woree

An rabbi karaa

Kee goree

Nuu baasaa nullee nama keetii

Roobu malee doloodhoo hin yeesu

Dubbaatan malee dubbiin hin baatu

Kan rabbi malee dhugaan hin toolu.

Wolaloon armaan oli kun ibsu kan barbaade gara qulqulluun yoo waaqa kadhaatan dhugaan akka hin dhabaamne ibsuf.

Dhimmoota karra muudaa sayyida duurootti raawatamaan keessaa inni biro sirna ateetee dubartootaati dubartootni naannoo karrichaatti argaman ykn jiraatan hundi yeroo caamaa fi

muudaa walitti bahuun sinqee isaanii qabatanii iddoo falaa kallatti argamuudhaan ateetee isaanii faarsuudhaan waaqa kadhatan.Aadaa falas ni qaban caamaaf yoo bahan hanga roobutti hin galan waaqnis ni dhaga'aaf ni rooba. Kana malees yeroo dhukkubni hamaan dhufes ni bahu falatanii ateetee farfatanii waaqa isaanii kadhatu. Yoo milka'an dhooqoo jalatti wal gahuun falatani addaan galu.Akkasumas yueroo muudaas dubartootni walitti bahuun jamaa muudaa buna danfisuun kaddaamu.Nyaata dhugaati qabatanii dhaquun waaqa kadhatu. Korma fooyanii falatu nyaatanii dhuganii wal eebbisanii addan galu waan isaan kadhatan hundaa rabbiin ni dhagahaaf Raagasayyida duuroo kanatti bahani milkii malee galuun hin jiru jechuun amanu. Akkasuma milkii haala armaan gadittiin ateetee faarfatu.

Kiila feessaa rabbiyyoo

Sitti dheessee rabbiyyoo

Sirraa da'ee agartaa

Dirree duuriyyoo jalli Dhooqa

Waa hin taatani baatanii

Jedhe gooftanii

Dhugaan na waamtee

Jalli gooda

Homaa hin taatanii

Baatanii jedhe gooftaan

Waaqoo oborraa

Dirree duuriyyoo

Jalli gooda

Womaa hin taatanii

Ni baataan jedha gooftaan

Ani haadha abdii

Jalli gooda

Womaa hin taatanii

Baatanii jedha gooftaan

Waa irraa hin qabnuu

Jalli gooda

Womaa hin taatanii

Jedha gooftaa

Ateetee rooba bishaanii

Roobaan adeemuun

Aadaa isaanittif jette ateeteen

Ohoo bishaanii

Roobaan adeemuun aadaan

Isaanii jette ateeteen

Wolaloon armaan oli kun Sirna Ateete keessatti mika'uu, gammaachuu isaani agarsisa.

Haala kanaan sirna ateetee kana galmaan gahu. [Madda Adde Kila Tashita]

Sirnaa magaada hiikuu

Magaada jechuun waan uumama irraa jallatee dhalate jechuudha. Kunis ilma namaa qofa osoo hin taane belladoota irrattis ni mul'ata. Namni yeroo dhalatu kan ija hin qabne, kan harkaa fi miila hin qabne, kan afaanii fi funyaan jallatee eegeen gara mataa garagale dhalata. Gama beelladatiin immoo sa'atu ibiddaa dhale jedhu.Kunis saanii waatii sa'aa cinaan horii fakkatee cinaan jeedala ykn waraabessa fakkaatee dhalata.Kanaafuu wanti uumama waaqaa irraa jallatee uumame hundinuu magaada jedhama. Ka'umsi kanaatis ilmi namaa cubbamaa ta'uu irraa kan

ka’e haqa jallisee qabeenya wal jalaa saamee an hin raawwannee jedhee kakata wanta ijaan arges hin argine jedhee kaada. Qabeenya firaa fi soddaa dhoksee nyaata halaa kanaan rabbiin dallansuu ofiitiin ilma namaa barsiisuuf wanta akkanaa uuma. Rabbiin nama dhugaa osoo beeku jellisee haala armaan olii kanaan adaba.sayyidni duuroo magaada dhalate kanaas ni hikan jechuudha. Haali ittin isaan hiikanis namticha waan kanaaf itti dhufe kanaan dura waan inni balleesse gaafatanii ergaa amansiisanii booda wanta inni raawwachuu qabu itti himan.Kunis akkaata uumama sanaatiin ilaalanii horii bifa himanii falan. Qabeenya namaa yoo fudhatee irratees ni deebisiisan. Haqa namaa jallisee yoo jiraatees dhugaa baasisiisan haala kanaan magaada hiikan jechudha.

Sayyidni Duuroo guyyaa waa’ee magaadaa dubbatan waan biraa tokkollee hin hojjatan.Nama waa’ee kanaaf isaanitti dhufu kana dursani himan. Guyyaa sana wanta biraa raawwachuu akka hin dandeenyees ni himu. Nama dhibemees ta’ee fayyaa harkaan hin qaban jechuudha.Sababiin isaatis gocha waaqaa kana ummata barsiisuuf akka ta’e himan.

Hattuu

Hattuu jechuun nama osoo abbaan qabeenyaa sun ija isaatiin hin argineef akka fudhatu osoo hin eyyamaminiif haqa namaa dhoksaan kan fudhatu yookiin kan milisee ofii isaatii oolfateedha. Kanaaf wanta sayyidni duuroo balaaleffatanii jibbaan keessaa tokko hattuu yookiin namawaan namaa saamee kan ofii godhatuudha. Hattuun waan namaa fuutee waakkatuun sayyida afoo dhufuun dura saddeeta karraatiin fudhatuu fi hin fuunee/hatuu fi hin hannee isaa sirritti gadi fageenyaan qoratamuun gaafiin ni dhiyaataaf saddeeta karra biratti yoo amanuu baate ijibbaata sayyida bira afotti dhiyeessan. Yeroo kana hatichii saddeettaa karra amanuu dide kanatti akkana jedhanii faarsani.

Leephiyyoo bobaa buutanii

Kakaffan nabsee duutanii

Deebisaa warri waan namaa fuutanii jedhaa faarsuun hattuu saaxila baasuun naannoo kanatti sababa sayyidaatiif jecha namootni hanna irraa of qusataa turuun nama qabeenyi isaa jalaa fudhatameef deebisisaa hannis akka salphatuu fi hattuun akka baddu taasisaniiru.

Hadaraa fi guyyaa isaa

Hadaraa jechuun faaruu guyyaa falaa fi waaqa kadhatan faarfatan yoo ta'u, sayyida duuroo birattii guyyaan akka sayyidinaa kadiir jedhamuun beekamu gaafa sambata xiqqaa fi sambata guddaa akkasumas guyyaa harbaa (roobii) adeemsifama. Hadaraa kanaas kan adeemsisan namoota gareen ramadamaniin kan raawwatamu yoo, isaanis sheekkanii fi garee manguddootaatiin ta'uu danda'a. jamaan hadaraa kun addumatti gahee matta ofii qaba jechuudha. Gareen hadaraa baayyina namootaa kudha lama irraa jalqabee hanga miseensa nama diigdama(20) ta'uu danda'a saddeeta karra kan jedhaman immoo manguddoota hattuu qoratanii saaxila baasan jechuudha. Gareen manguddoota fi sheekkanii warren waaqa kadhatan ykn du'aayii godhan jechuudha.Haala armaan gadii kanatti raawwatama.

Sayyida hoojazaan kan kee dammaqee

Haajii oloo jazaan kan kee dammaqee

Hara'illee waa head waraana haqee

Isaan harraa hin hafan iddoo an dhaqee

Haji aloo dhufanii diida kanaa

Waa lamanuu dhabanii miila kanaa

Isaan nurraa hafan iddoo an dhaqee

Amaanaa dirree amaanaa dirree

Nutty hin dhiisinaa waan durii hin jirre

Lepho bahe baandiraan lepho bahe baandiraan

Kan fayyee galuufillee kan fayyifatuufillee

Hiltama waan biraa 2x

Dawoolee sayyida dawoolee

Si waamnaan balaan dhufe oolee

Amaanaa abbichoo amaanaa

Amaanaa sayyidiin amaanaa

Nu baasaa abaada samaanaa

Abeetii sayyidiin abeeti

Abeeti abbichoo abeeti

Nu baasaa nuullee nama keetii

Roobu malee dolaadhoo hin yaasuu

Dubbatan malee dubbiin hin baatuu

Kan rabbi malee dhugaan hin taatu.

Wolaloon armaan oli kun Sirni kadhata hadaraa guyya sana galmaan ga'uuf kan kadhaatamu yoo ta'u iniis kara hattuu qoratani saaxila ittin baasuuf kan taasifamudha.

Deettuu

Sayyidni duuroo dubartootaaf gargaarsa godhan keessaa hawwootni da'uumsaaf isaan bira dhufanii ciniinsifatan harka ofiitiin qabanii rabbi si haa hiiku jedhanii bishaan itti facaasanii halangee irraa kaayanii tokkochummaa waaqaa faarsanii xabala itti buusanii kallachaan itti bu'anii haala kanaan waaqaa kadhatanii rabiin dhaga'eefii dubartiin sun hiikamti jechuudha.

4.4 Faayidaa raagni sayyida duuroo hawaasa naannichaaf qabu

Sayyidni duuroo hawaasa naannoo kutaalee adda addaa irraa dhufan biratti beekamtii fi jaalalaa kan argatan hojii raaga qulqulluu fi ifa ta'e hojjachuun waan beekamaniifi raaguu qofa osoo hin taane dhimmoota hawaasummaa akka beelaa, quufa, gargaarsa irratti gahee guddaa hojjachaa turaniiru wantoota raaga sayyida duurootti raagaman keessa roobaa, caamaa, beelaa, quufa, fayyaa fi dhibee ,deettuu,dhala argachuu fi dhala dhabuu fa'a raagamaa turan fakkeenya barri itti aanu bara quufaa fi bara beelaa fi kana malees waantoota akka jimaa fi magaadaas raagamaa ture. Sayyidni duuroo rakkoolee amma keessa jiru qofa osoo hin taane kan gara fuulduraa dhufanis raga durse raaga.

4.5 hirmaatota waltajjii raaga sayyida duuroo

Waltajji raaga sayyida duuroo irratti kan hirmatan namoota umriin isaani 45-70 gidduu jiruu yoo ta'u isaanis dhiira fi dubartoota. Gaheen hojii warra dhiira yeroo rawwin sun rawwatamu achitti argamani faaru adda addaa fi faarsu fi hojji achi keessatti hojjataman namicha raagu saan gargaaru, wantoota isaaf barbaachisan dhiheessuf fakeenyaaf jimaa, bishaan, naddii fi kan kana fakkaatan. Gaheen dubartoota immoo yeroo hongee fi rooba ateetee bahuudhan waaqa kadhatu galatas ni galfatu nyaataf dhugaatti achitti nyaatamus kan qopheessu dubartoota.

4.6 Nyaata fi dhugaatti aadaa waltajji guutuu tasiisan

Ummanni muudaaf gara raaga sayyida duuroo kanati yeroo deemu harka duwwa hin deemu, nyaataaf dhugaati qabate deema. Keessumayyu waa'en muudaa yoo kaafamu bassoon haalan yaadatama sababni isaa akka soorata biro waan ala'uu yookiin samuun nama hin rakkifneef baay'ee filatamadha. Karaa biraatin namootni muuda wagga darbee irratti waa niyyatan galanii gaafa waggaa deebi'aan waan yaadan sana yoo argatan yookiin milka'an deebi'an gammachu saanif jecha kormaa oofani, wayyaa fi uffata akka gaabi fa'a qabatani galataa fi kabajaatin dabaalanii wareega ofaanii, fee'aani feesisani dhufu. Wareega jechuun kenna kennamu sana jechuudha. Kennaan kunis kan kennamu gosoota muudaa waggaatti al lama rawwatamu hajji fi zaaraa kessa ji'a hajjitti kan kenna niyyaan dhufe walitti qabun sayyidati dhiheessu kan warra muudaf dhufee keessumessu kennaa arjomaan dhufee keessa muraasni warra jamoota kanaaf yoo kennamu, kan hafee immooo namoota human fi nama gargaaru hin qabneef, namoota hir'ina qaama qabanifi namoota beela'anif raabsama.

4.7 Haala yeroo amma raaga sayyida duuroo fi egeere isaa

Waanti tokko sababoota jijjirama fi itti fuufinsaa dhala namattin wal qabatee dagaaguu yookiin xiqqaacha dhufu danda'a haaluma kanaan aanaa arsii nageellee keessatti raaga sayyida duuroo bara durii fi amma walbira qabnee yoo ilaalle yeroo amma kana raaga sayyida duuroo haphaachaa akka dhufee jarsooliin aanichaa ni heeru. Sabaabni isaa raaga qofan darbee waan tureef adeemsaa fi haalli raawwii isaa jijjiramera, dur hawaasa giddu kabajaa fi jaalalatu jira kun hundii yeroo amma jijjiramera. Safuu, aadaa fi duudha ofiiti iddoo kennun hafee falla aadaa kan of qofaaf yaadun bakka buufame jira. Akkasumas ummanni aanaa kana maalummaa fi faayida raaga sayyida duuroo hubaachu dhabun isani akka dagatamu godheera. Sabaaboota kanaafi kanen akka babal'achu amantaa, dhibbaa alaaf keessa irran kan ka'ee yeroo amma raagni sayyida duuroo hapachaa dhufee jira.

BOQONNAA SHAN: GOOLABAA FI YAADA FURMAATA

5.1 GOOLABA

Qorannoon kun ummata aanaa arsii nageellee biratti baay'ee bu'uureffate raaga sayyida duuroo aanaa kana hubachisuuf kan yaalamee yoo ta'u guutumma raaga sayyida duuroo ibsudha. Innis aadaa fi safuu ummanni qabu keessaa raaga sayyida duuroo irratti kan xiyyeefatu dha. As irratti raaga sayyida duuroo hawaasni Oromoo jiruuf jireenyaa isaa keessatti beela,quufa, fayyaa fi dhibee, deessu dhaba argachuuf waan hamaa ta'ee jelaa miliquuf kan kabajjamu yommu ta'udha. Walumaa galatti barrun gababduun kun hawaasni oromoo arsii nageellee raaga sayyida duuroo bira deemu fi uumama karaa ittin kadhaa fi galata waaqaf dhiheessanidha. Raaga sayyida duuroo akka hin dagaatamneef gara barreefamatti jijjiruuf yaaleera.

5.2 YAADA FURMAATA

Sabni tokko saba biraa irra adda bahe kan itti beekamu aadaa isaatini kanaafu aadaan daawitti sabni tokko kan keessatti of ilaale ibsuudha. Ummanni Oromoo aanaa kanatis aadaa, seenaa, falaasamaf, haala jiruuf jireenya ummatichi keessa darbee fi kan fulduratis kan ittin ibsatudha. Kanaafu raaga sayyida duuroo hidda gadi fageefatee dhaloota gara dhalootaatti akka darbuu gochuudhaf akka yaada furmaatatti ka'een jira.Manguddoota wa'ee raaga sayyida duuroo beekan akka dhaloota haraa wa'ee Raaga Sayyida Duuroo hin beekne kana akka barsiisanif marisisuun gaari ta'a.raaga sayyida duuroo kana bifa barreefamaatin dhaloota dhufuuf osoo ol ka'ee gaari ta'a. faayidaa raaga sayyida duuroo hubaachuuf wajjira Aadaaf Turiziimi Aanaa Arsii Nageellee fi wajjira bulchinasa Aanaa Arsii Nagellee osoo irratti xiyyeeffachun hojeetani gaari ta'a.

WABIILEE

Alamayyo Hayillee (1998:204) *Seenaa Oromaa Hanga Jarraa 16ffaa,* Finfinnee berhanena selam printing enterprise

Dirribii Damusee (2012) *Ilaalcha Oromoo* Finfiinnee: printing publishing S.C

Dirribii Damusee (2009:109) *Ilaalcha Oromoo* Finfinnee: printing publishing S.C

Fedhasaa Taaddasaa Guutaa: (2013) *Subii* Finfinnee, Oromiya

Leellisaa Zamaduu (2015) *Hubannoo Oromoof* Finfinnee, ELLENI PLC

Maammoo Gadaa (2013) *Duudhaa* Finfinnee, Hy intenational

Waldaa AAdaa fi Duudhaa Oromoo (2006) *Daaniya* Finfinnee

Namoota Odeeffannoo naaf kenannin

Maqaa Manguddootta		Umrii	Ganda
1.	H/Abdurahaman Hayaatoo	98	Ashookaa
2.	Wolluu Daaluu	82	Aaga
3.	Hammuu H/Aliyyii	61	Ashookaa
4.	Abdii H/Aliyyii	66	Aaga
5.	Dhaqqaboo Daaluu	92	Ashookaa
6.	Musxafaa H/Aliyyii	76	Ashookaa
7.	Aliyyii Yaabbatoo	78	Ashookaa
8.	Aadamu Hayyaatoo	87	Ashookaa
9.	Huseen Dhaqabaa	89	Sayyoo majaa
10.	Kadiir Dhaqabaa	78	Sayyoo majaa
11.	Edatuu Shanqoo	79	Gorbi Dareraa
12.	Ganat Elamoo	45	Gorbi Dareraa
13.	Fuad Rashad	60	Aaga
14.	Amiina H/Huseen	43	Sayyoo majaa
15.	Faxumma Kalil	44	Qarsa
16.	Kila Tashita	35	Qarsa